

Wagгаа 28<sup>፳፰</sup> ..... Lak. ....7/2012  
 ፳፰፻፳፰ ዓመት ..... ቁጥር ..... ፯/፪ሺ፲፪  
 28<sup>th</sup> year ..... No. ....7/2020



Finfinnee,.....Guraandhala 11 Bara 2012  
 ፊንፊንኤ፣ .....የካቲት ፲፩ ቀን ፪ሺ፲፪ ዓ.ም  
 Finfine,.....February 19, 2020

# MAGALATA OROMIYAA

## L μ E p % Z Më ;

# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo ..... Qarshii 6.50 የአገሪቱ " ብ ..... ብር 6.50 Unit Price ..... Birr 6.50	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe ለ፳፰፻፳፰ ዓመት ፳፰፻፳፰ ዓ.ም በጨፌ ኦሮሚያ ኦ.ፊ.ዲ.ዲ.፣	Lak. S. Poostaa ..... 21383-1000 ፎ.ፓ.ቂ.ዳ.ሃ .....21383-1000 P.O.Box ..... 21383-1000
---	---	---

<b>QABIYYEE</b> <b>Labsii Lakk. 224/2012</b> Labsii Fandii Daandiiwwan Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, Labsii Lak. 224/2012 .....Fuula 1	<b>ማዕጫ</b> <b>አዋጅ ቁጥር ፪፻፳፱/፪ሺ፲፪</b> የኦሮሚያ ክልል የመንገዶች ፈንድ ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር 224/2012.....ገጽ ፩	<b>CONTENT</b> <b>Proclamation No. 224/2020</b> Proclamation to Establish Oromia Region Roads Fund, Proclamation No. 224/2020 .....Page 1
---	--	---

Labsii Fandii Daandiiwwan Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, Labsii Lak. 224/2012

የኦሮሚያ ክልል የመንገዶች ፈንድ ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር 224/2012

Proclamation to Establish Oromia Region Roads Fund, Proclamation No. 224/2020

Daandiiwwan Mootummaa Naannichaatiin baasiin guddaan itti bahee hojjetaman yeroo yeroon suphuu, fooyyessuu fi nageenyummaa isaanii mirkaneessuun yeroo dheeraaf tajaa-jila kennuu akka danda'an taasisuun barbaachisaa waan ta'eef;

በክልሉ መንግሥት ከፍተኛ ወጪ ወጥቶባቸው የተሰሩ መንገዶችን በየጊዜው በመጠገን፣ በማሻሻል እና ደህንነታቸውን በማረጋገጥ ለረጅም ጊዜ አገልግሎት መስጠት እንዲችሉ ማድረግ አስፈላጊ በመሆኑ፤

Whereas, it is necessary to maintain, upgrade and ensure the safety of the roads constructed by the regional state with huge expenses periodically to enable them serve for long period of time;

Hojjiwwan kanneen humna mootummaa qofaan raawwachuun kan hin danda'amne waan ta'eef fandii daandii hundeessuun maddi faayinaansii dhaabbataan hojjiwwan kanaaf oolu akka jiraatu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan agameef;

እነዚህን ሥራዎች በመንግስት አቅም ብቻ መፈጸም የማይቻል ስለሆነ የመንገድ ፈንድ በማቋቋም ለነዚህ ሥራዎች የሚውል ቁጥጥር የፋይናንስ ምንጭ እንዲኖር ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

Whereas, it is found necessary to devise a permanent source of finance to be used for these activities by establishing roads fund since it is impossible to undertake these activities only with the government capacity;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

ተሻሻሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልል ህገ መንግስት አዋጅ ቁጥር 46/1994 አንቀፅ 49 ንዑስ አንቀፅ 3(ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጧል፡፡

Now, Therefore, in accordance with Article 49 (3) (a) of Oromia Regional State Revised Constitution, Proclamation Number 46/2001, it is hereby proclaimed as follows:

**Kutaa Tokko**  
**Tumaalee Waliigalaa**

1. **Mata Duree Gabaabaa**  
Labsiin kun “Labsii Fandii Daandiiwwan Oromiyaa, Lakk. 224/2012” jedhamee waamamuu ni danda’a.
2. **Hiika**  
Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta’e malee, Labsii kana keessatti:
  - 1) “Abbaa Taayitaa” jechuun Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
  - 2) “Boordii” jechuun Boordii Fandii Daandii akkaataa Labsii kana Keewwata 11 tiin hunda’ae jechuudha.
  - 3) “Daandii” jechuun daandii cirraachaa ijaarsi isaa xumuramee walharkaa fuudhiinsi isaa raawwatame ta’ee, riqicha daandicha irratti ijaarame kan dabalatuudha.
  - 4) “Fandii” jechuun Fandii Daandiiwwan Naannoo Oromiyaa akkaataa Labsii kana Keewwata 5 tiin hunda’ae jechuudha.
  - 5) “Fayyadamtoota Daandii” jechuun abbaa qabeenyaa konkolaataa yookiin nama itti fayyadamaa geejjiba daandii ta’e kamiyyuu jechuudha.
  - 6) “Konkolaataa” jechuun konkolaataa humna makaanikaalaa yookiin eleektirikaalaatiin socho’u ta’ee, konkolaataa fe’umsa deddeebisu, konkolaataa ummata deddeebisu, konkolaataa manaa kan dhuunfaa, mootummaa yookiin miti-mootummaa, konkolaataa walharkisu yookiin motorsaayikiloota maqaa konkolaataa jedhuun waaman jechuudha.
  - 7) “Mootummaa” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
  - 8) “Mana Maree Bulchiinsaa” jechuun Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

**ክፍል አንድ**  
**ጠቅላላ ድንጋጌዎች**

1. **አጭር ርዕስ**  
ይህ አዋጅ “የኦሮሚያ መንገዶች ፈንድ አዋጅ ቁጥር 224/2012” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።
2. **ትርጓሜ**  
የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያስጠው ካልሆነ በስተቀር፤ በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-
  - 1) “ባለሥልጣን” ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት መንገዶች ባለሥልጣን ማለት ነው፤
  - 2) “ቦርድ” ማለት በዚህ አዋጅ አንቀጽ 11 መሰረት የተቋቋመ የመንገድ ፈንድ ቦርድ ማለት ነው።
  - 3) “መንገድ” ማለት ግንባታው ተጠናቆ ርክብ የተፈጸመ የጠጠር መንገድ ሆኖ፤ በመንገዱ ላይ የተሰራ ድልድይንም ይጨምራል፤
  - 4) “ፈንድ” ማለት በዚህ አዋጅ አንቀጽ 5 መሰረት የተቋቋመ የኦሮሚያ ክልል መንገዶች ፈንድ ማለት ነው፤
  - 5) “የመንገድ ተጠቃሚዎች” ማለት የተሽከርካሪ ባለቤት ወይም የመንገድ ትራንስፖርት ተጠቃሚ የሆነ ማንኛውም ሰው ማለት ነው፤
  - 6) “ተሽከርካሪ” ማለት በሜካኒካል ወይም በኤሌክትሪካል ሀይል የሚንቀሳቀስ ተሽከርካሪ ሆኖ የጭነት ማመላለሻ ተሽከርካሪ፤ የህዝብ ማመላለሻ ተሽከርካሪ፤ የግል አውቶሞብል፤ የመንግስት ወይም መንግስታዊ ያልሆነ ተሽከርካሪ፤ ተሳቢ ወይም ሞተር ሳይክሎች በሚል ስያሜ የሚጠሩ ተሽከርካሪ ማለት ነው፤
  - 7) “መንግስት” ማለት የኦሮሚያ ክልል መንግስት ነው፤
  - 8) “መስተዳደር ምክር ቤት” ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት መስተዳደር ምክር ቤት ማለት ነው፤

**Part One**  
**General Provisions**

1. **Short Title**  
This proclamation may be cited as “**Oromia Roads Fund Proclamation Number 224/2020**.”
2. **Definitions**  
Unless the context requires otherwise, in this proclamation:
  - 1) “Authority” means Oromia Regional State Roads Authority.
  - 2) “Board” means the Roads Fund Board established in accordance with article 11 of this proclamation.
  - 3) “Road” means any gravel road which its construction is completed and its handing over is performed; and includes the bridge constructed over such road.
  - 4) “Fund” means Oromia Region Roads Fund established in accordance with article 5 of this proclamation.
  - 5) “Road Users” means the vehicle owner or any beneficiary of road transport.
  - 6) “Vehicle” means a vehicle moving by mechanical or electrical power; and classified as freight vehicles, public transport vehicles, private cars, government or non-governmental vehicles, trucks or motorcycles called in the name of vehicles.
  - 7) “Governmentment ” means Oromia Regional State Government.
  - 8) "Administration Council" means Oromia Regional Government Administration Council.

- 9) “Naannoo” jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha.
- 10) “Nama” jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.

**3. Ibsa Koorniyaa**

Labsii kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Labsiin kun daandiiwwan cirrachaa hojjatamanii ijaarsi isaanii xumuramee walharkaa fuudhin si raawwatamee fi riqaaalee daandiiwwan kanaa irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**Kutaa Lama**

**Hundeeffama, Kaayyoo, Maddootaa fi Haala Raawwii Fandii**

**5. Hundeeffama**

Fandiin daandii, kanaan booda “Fandii” jedhamee kan waamu, madda faayinaansii dhaabbataa daandiiwwan cirrachaa naannichaa suphuu, fooyyessuu fi nageenyummaa isaanii mirkaneessuuf oolu ta’ee Labsii kanaan hundeeffamee jira.

**6. Kaayyoo Fandii Daandii**

Kaayyoon Fandichaa daandiiwwan cirrachaa naannichaa suphuu, fooyyessuu, bulchuu fi nageenyummaa isaanii mirkaneessuuf baasiiwwan barbaachisan uwwisuudha.

**7. Maddoota Galii**

Maddoonni galii Fandichaa kanneen armaan gadii irraa taa:

- 1) Baajata mootummaan ramadamu;
- 2) Kaffaltiiwwan gurgurtaa fi tajaa-jilaa adda addaa armaan gadii irraa argaman:
  - (a) Oomisha qonnaa gabaa biyya keessaa fi biyya alaatiif dhiyaatu;

- 9) “ክልል” ማለት የአሮሚያ ክልል ማለት ነው፤
- 10) “ሰው” ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በህግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ማለት ነው።

**3. የፆታ አገላለጽ**

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለጸ ቃል ሴትንም ይጨምራል።

**4. የተፈጻሚነት ወሰን**

ይህ አዋጅ ግንባታቸው ተጠናቆ ርክብ የተፈጸመባቸው የጠጠር መንገዶች እና በእነዚህ መንገዶች ድልድዮች ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

**ክፍል ሁለት**

**የፈንዱ መቋቋም፣ ዓላማ፣ ምንጮች እና የአፈጻጸም ሁኔታ**

**5. መቋቋም**

የመንገድ ፈንድ ከዚህ በኋላ “ፈንድ” ተብሎ የሚጠራው የክልሉን የጠጠር መንገዶች ለመጠገን፣ ለማሻሻል እና ደህንነታቸውን ለማረጋገጥ የሚውል ቋሚ የፋይናንስ ምንጭ ሆኖ በዚህ አዋጅ ተቋቋሟል።

**6. የመንገድ ፈንድ ዓላማ**

የፈንዱ ዓላማ የክልሉን የጠጠር መንገዶች ለመጠገን፣ ለማሻሻል፣ ለማስተዳደር እና ደህንነታቸውን ለማረጋገጥ የሚያስፈልጉ ወጪዎችን መሸፈን ነው።

**7. የገቢ ምንጮች**

የፈንዱ የገቢ ምንጮች ከሚከተሉት ይሆናል፡-

- 1) በመንግስት የሚመደብ በጀት፤
- 2) ከሚከተሉት የሽያጭ ክፍያና ከተለያዩ አገልግሎቶች የሚገኙ፡-
  - (ሀ) ለሀገር ውስጥና ለውጭ ሀገር ገቢያ የሚቀርብ የግብርና ምርት፤

- 9) “Region” means Oromia region.
- 10) “Person” means natural or juridical person.

**3. Gender Reference**

In this proclamation, any term expressed in masculine gender shall also apply to feminine.

**4. Scope of Application**

This proclamation shall be applicable to any gravel road which its construction is completed and the handing over is performed as well as bridges of such roads.

**Part Two**

**Establishment, Objectives, Sources and Implementation of Roads Fund**

**5. Establishment**

The Road Fund, hereinafter called “Fund” is hereby established by this proclamation as a permanent financial source to be used for the maintenance, upgrading and ensuring the safety of gravel roads of the region.

**6. Objective of the Road Fund**

The objective of the fund is to finance the expenses necessary to maintain, upgrade, administer and ensure the safety of the gravel roads of the region.

**7. Sources of Income**

The sources of income for the fund shall be from the following:

- 1) Budget allocated by the government;
- 2) From the following payments of sale and various services:
  - (a) Agricultural products supplied to local and foreign markets;

- (b) Oomisha albuuda ijaarsaa, industirii, albuuda kabajamoo gabaa biyya keessaa fi biyya alaatiif dhiyaatuu fi albuuda seeraan ala osoo socho’u dhaalamee gurguramu irraa;
  - (c) Oomisha bosonaa gurgurtaaf dhiyaatu irraa;
  - (d) Kaffaltii taarifa daandii irraa; fi
  - (e) Galiwwan adda addaa dhimmoota geejjibaan walqabatan irraa;
- 3) Kaffaltii hirmaannaa ummataa taasifamu irraa;
  - 4) Kaffaltii Dhaabbilee Faayinaansii naannicha keessa jiran irraa argamuu fi kennaawwan adda addaa irraa;
  - 5) Maddoota galii biroo Manni Maree Bulchiinsaa murteessu irraa. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa’u ta’a.
  - 6) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (d) fi (e) jalatti tumame akkaatuma barbaachisummaa isaatiin konkolaattota daandiiwwanitti fayyadaman hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.
  - 7) Hangi maallaqaa maddoota galii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tumame irraa walitti qabamu dhibbeentaan (%)n ta’ee, Dambii Manni Maree Bulchiinsaa baasuun kan murtaa’u ta’a.

**8. Haala Sassaabbii Galii**

- 1) Galiin Fandichaa kan sassaabamu nagahee seektaroonni galii sassaaban koodii ittiin sassaaban gaaffii Abbaa Taayitichaatiin hayyama Biiroo Maallaqaa fi Walta’iinsa Diinagdee Oromiyaatiin maxxansiisuudhaan kan sassaaban ta’a.
- 2) Baankii lakkoofsa herrega addaa Fandichaa gaaffii Abbaa Taayitichaatiin Biiroo Maallaqaa fi Walta’iinsa Diinagdee Oromiyaatiin kan banamu ta’a.

- (ለ) ለሀገር ውስጥና ለውጭ ሀገር ገበያ የሚቀርብ የግንባታ ማዕደድነን፤ የኢንዱስትሪ፤ የከበሩ ማዕድናት እና በሀገ ወጥ መንገድ ሲዘዋወር ተወርሶ ከሚሸጥ ማዕድን፤
  - (ሐ) ለሽያጭ ከሚቀርብ የደን ምርት፤
  - (መ) ከመንገድ ታሪፍ ክፍያ፤ እና
  - (ሠ) ከመንገድ ትራንስፖርት ጋር ከተያያዙ የተለያዩ ገቢዎች።
- 3) በሀዘብ ከሚደረግ ተሳትፎ የሚገኝ ክፍያ፤
  - 4) ክልሉ ውስጥ ካሉ የፋይናንስ ተቋማት ከሚገኝ ክፍያ እና የተለያዩ ስጦታዎች፤
  - 5) በክልሉ መስተዳደር ምክር ቤት ከሚወሰኑ ሌሎች የገቢ ምንጮች። አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤
  - 6) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2(መ እና ሠ) ሥር የተደነገገው ድንጋጌ እንዳስፈላጊነቱ በመንገዶቹ በሚጠቀሙ ሁሉም ተሽከርካሪዎች ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል፤
  - 7) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር ከተደነገገው የገቢ ምንጮች የሚሰበሰበው የገንዘብ መጠን በመቶኛ (%) ሆኖ፤ የመስተዳደር ምክር ቤቱ በሚያወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

**8. የገቢ አሰባሰብ ሁኔታ**

- 1) የፈንዱ ገቢ የሚሰበሰበው ገቢ የሚሰበሰቡ ሴክተሮች ገቢ የሚሰበሰቡበትን ደረሰኝ ልዩ ኮድ በመስጠት በባሥስልጣኑ ጥያቄ የኦሮሚያ ገንዘብና ኢኮኖሚ ትብብር ቢሮ በሚያሳትመው ደረሰኝ የሚሰበሰቡ ይሆናል፤
- 2) የፈንዱ ልዩ የባንክ ሂሳብ ቁጥር በባሰስልጣኑ ጥያቄ በኦሮሚያ ገንዘብና ኢኮኖሚ ትብብር ቢሮ የሚከፈት ይሆናል፤

- (b) Mineral products of construction, industries and precious minerals to be supplied for local and foreign markets and mineral seized while transported illegally and sold;
  - (c) Forest products supplied for sale;
  - (d) From payments of road tariffs;
  - (e) From various payments related to transport matters.
- 3) Payments from participation made by the people;
  - 4) Payments obtained from the financial institutions in the region and various donations;
  - 5) From other sources of income to be determined by the Administrative Council. Its implementation shall be determined by the regulation to be issued.
  - 6) The provision under sub article 2(d) and (e) of this article shall be applicable on all vehicles using the roads as deemed necessary;
  - 7) The amount of money to be collected from the income sources provided under sub article 2 of this article shall be in a percentage (%) determined by the regulation to be issued by Administrative Council.

**8. Collection of the Fund**

- 1) Income of the fund shall be collected with the receipt code of income collecting sectors to be issued by the request of the Authority and permission of Oromia Finance and Economic Cooperation Bureau.
- 2) Oromia Finance and Economic Cooperation Bureau shall open special bank account of the Fund with the request of the Authority.



3) Qaamni maallaqa Fandichaa akkaataa Labsii kanaatiin maddoota galii adda addaa irraa walitti qabe lakkoofsa herrega addaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin baname keessatti galii gochuu qaba.

**9. Qaama Galii Sassaabuu fi Galii Taasisu**

- 1) Biiron Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Oromiyaa baajata mootummaan naannichaa Fandichaaf ramadu erga baajanni labsamee booda galii ni taasisa.
- 2) Abbaan Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa kaffaltii gurgurtaa oomisha albuudaa fi albuuda seeraan ala osoo socho'u dhaalamee gurguramu irraa argamu yeroo yeroon walitti qabee galii ni taasisa.
- 3) Abbaan Taayitaa Geejjibaa Oromiyaa fi caasaan isaa sadarkaan jiru kaffaltii haaromsa eeyyama konkolaataa ulfaatina irratti hunda'ee, adabbii balleessaa konkolaachisaa irraa argamuu fi dhimmoota geejjibaan walqabatan kanneen biroo irraa argamu walitti qabee dhuma ji'aa irratti galii ni taasisa.
- 4) Kaffaltiin taarifa daandii irraa argamu qaama Manni Maree Bulchiinsaa moggaasuunii fi yeroo Qajeelfama Boordichi baasuun murtaa'u keessatti walitti qabamee galii ni taasisa.
- 5) Abbaan Taayitaa Daandiiwan Oromiyaa fi caasaan isaa sadarkaan jiru, kennaawwan qaamolee adda addaa irraa argamu lakkoofsa herregaa Fandichaaf banamu keessatti galii akka godhan ni taasisa.
- 6) Abbaan Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa fi caasaan isaa sadarkaan jiru kaffaltii haaromsa hayyamaa fi gurgurtaa oomisha qonnaa fi kaffaltii hirmaannaa ummata irraa argamu sassaabee galii ni taasisa.

3) የፈንዳን ገንዘብ በዚህ አዋጅ መሰረት ከተለያዩ የገቢ ምንጮች የሰበሰበ አካል በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 መሰረት በተከፈተው ልዩ የባንክ ሂሳብ ቁጥር ውስጥ ገቢ ማድረግ አለበት።

**9. ገቢ የሚሰበሰብና ገቢ የሚያደርግ አካል**

- 1) የኦሮሚያ ገንዘብና ኢኮኖሚ ትብብር ቢሮ የክልሉ መንግስት ለፈንዳ የሚመድበውን በጀት በጀቱ ይፋ ከተደረገ በኋላ ገቢ ያደርጋል፤
- 2) የኦሮሚያ ማዕድን ልማት ባለሥልጣን ከማዕድን ምርት ሽያጭ ከሚገኝ ክፍያና በህገ ወጥ መንገድ ሲዘዋወር ተወርሶ ከሚሸጥ ማዕድን የሚገኝ ክፍያን በየጊዜው በመሰብሰብ ገቢ ያደርጋል፤
- 3) የኦሮሚያ ትራንስፖርት ባለሥልጣን እና በየደረጃው ያሉ መዋቅሮቹ በክብደት ላይ ከተመሰረተ የተሸከርካሪ ፈቃድ ዕድሳት፣ ከአሸከርካሪ ጥፋት የሚገኝ የቅጣት ክፍያና ከትራንስፖርት ጋር የተያያዙ ሌሎች ጉዳዮች የሚገኝ ገቢን በመሰብሰብ በወሩ መጨረሻ ላይ ገቢ ያደርጋል፤
- 4) ከመንገድ ታሪፍ የሚገኝ ክፍያ የመስተዳደር ምክር ቤቱ በሚሰይመው አካል እና ቦርዱ በሚያወጣው መመሪያ በሚወሰነው ጊዜ ውስጥ ተሰብስቦ ገቢ ይደረጋል፤
- 5) የኦሮሚያ መንገዶች ባለሥልጣንና በየደረጃው ያሉ መዋቅሮቹ ከተለያዩ አካላት የሚገኙ ስጦታዎችን ለፈንዳ በሚከፈተው ሂሳብ ቁጥር ገቢ እንዲያደርጉ ያደርጋል፤
- 6) የኦሮሚያ ገቢዎች ባለሥልጣንና በየደረጃው ያሉ መዋቅሮቹ የፈቃድ ዕድሳት ክፍያ እና የግብርና ምርት ሽያጭና ከህዝብ ተሳትፎ የሚገኘውን ክፍያ ሰብስቦ ገቢ ያደርጋል፤

3) The body that collects income of the fund from various income sources in accordance with this proclamation shall deposit it in the special bank account opened pursuant to sub article 2 of this article.

**9. The Body Collecting and Depositing Income**

- 1) Oromia Finance and Economic Cooperation Bureau shall deposit the budget allocated by the Regional Government to the fund after the budget is declared;
- 2) Mineral Development Authority shall periodically collect and deposits payments obtained from the sale of mineral products and from sale of mineral seized while transported illegally;
- 3) Oromia Transport Authority and its structures at each hierarchies shall collect the payment obtained from the renewal of driving license which depends on weight, from driver's penalty and from other transport related matters and deposit it at the end of each month;
- 4) The payment obtained from the road tariff shall be collected and deposited by the body to be designated by the Regional Administrative Council within the period determined by the directive to be issued by the Board;
- 5) Oromia Roads Authority and its structures at each hierarchies shall make the donations obtained from various organs to be deposited in the bank account to be opened for the Fund;
- 6) Oromia Revenue Authority and its structures at each hierarchies shall collect and deposit the payment obtained from renewal of license and sale of agricultural products as well as from the peoples participation;

- 7) Dhaabbanni Bosonaa fi Bineensota Bosonaa kaffaltii bosona irraa argamu sassaabee herreega Fandichaaf banamu keessatti galii ni taasisa.
- 8) Qaamni maallaqa herrega addaa baankii Fandiitti galii taasise jii ni dhume yeroo guyyaa kudha shan hin caalle keessatti galii argame ilaalchisee Boordiif gabaa-sa dhiyeessuu qaba.
- 9) Haalli raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1- 8 Dambii bahuun kan murtaa’u ta’a.

**10. Haala Galiin Sassaabame Baasii Itti Ta’u**

Herrega Fandii irraa maallaqni bahii ta’ee kan kaffalamu bu’uura sagantaa hojii waggaa Boordiin raggaasiiseen hojiiwwaan raawwatamaniif, meeshaalee bitamanii fi tajaajiloota kennamaniif yoo ta’u, kaffaltiin isaas bu’uura Qajeelfama Boordiin baasuun kan raawwatamu ta’a.

**Kutaa Sadi**

**Qaamolee Bulchiinsa Fandichaa**

**11. Hundeeffama Boordii Fandii Daandii**

- 1) Boordiin Fandii Daandii, kanaan booda “Boordii” jedhamee waamamu sadarkaa naannootti Labsii kanaan hunda’ee jira.
- 2) Baay’inni miseensotaa fi sirni walgahii Boordichaa Dambii bahuun kan murtaa’u ta’a.

**12. Itti Waamama Boordichaa**

Itti waamamni Boordichaa Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiif ta’a.

**13. Aangoo fi Hojii Boordichaa**

Boordichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Fandicha ni to’ata; ni bulcha;
- 2) Dhimmoota imaammata daandii suphuu, fooyyessuu, nageenyummaa isaa mirkaneessuu fi Fandicha waliin walqabatan irratti mootummaa ni gorsa;

- 7) የደንና ዱር አራዊት ድርጅት ከደን የሚገኘውን ክፍያ ለፈንዱ በሚከፈተው ሂሳብ ቁጥር ገቢ ያደርጋል፤

- 8) በፈንዱ ልዩ የባንክ ሒሳብ ውስጥ ገንዘብ ገቢ ያደረገ አካል ወሩ ተጠናቅቆ ከአሥራ አምስት ቀን በማይበልጥ ጊዜ ውስጥ የተገኘውን ገቢ በተመለከተ ለቦርዱ ሪፖርት ማቅረብ አለበት፤

- 9) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1-8 ድንጋጌዎች አፈጻጸም ሁኔታ በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

**10. የተሰበሰበው ገቢ ወጪ ስለሚሆንበት ሁኔታ**

ከፈንዱ ሒሳብ ገንዘብ ወጪ ሆኖ የሚከፈለው ቦርዱ ባጸደቀው ዓመታዊ የሥራ ፕሮግራም መሰረት ለተሰሩ ሥራዎች፣ ለተገዙ ዕቃዎች እና ለተሰጡ አገልግሎቶች ሲሆን ክፍያውም ቦርዱ በሚያወጣው መመሪያ መሠረት የሚፈጸም ይሆናል።

**ክፍል ሦስት**

**የፈንዱ አስተዳደር አካላት**

**11. የመንገድ ፈንድ ቦርድ መቋቋም**

- 1) የመንገድ ፈንድ ቦርድ ከዚህ በኋላ “ቦርድ” ተብሎ የሚጠራ በዚህ አዋጅ ተቋቋሟል።
- 2) የቦርዱ አባላት ብዛትና የስብሰባ ስነ ሥርዓት በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

**12. የቦርዱ ተጠሪነት**

የቦርዱ ተጠሪነት ለክልሉ መንግስት ፕሬዝዳንት ይሆናል።

**13. የቦርዱ ሥልጣንና ተግባር**

ቦርዱ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖረዋል፡-

- 1) ፈንዱን ይቆጣጠራል፤ ያስተዳድራል
- 2) መንገድ የመጠገን፣ የማሻሻል፣ ማስተዳደር እና ደህንነቱን ማረጋገጥ እንዲሁም ከፈንዱ ጋር የተያያዙ የፖሊሲ ጉዳዮችን በተመለከተ መንግስትን ያማክራል፤

- 7) The Forest and Wild Animals Organization shall collect the payment obtained from forest and deposit in to the account to be opened for the Fund;

- 8) The body that deposits money into the special bank account of the Fund shall deliver its report to the Board regarding the income obtained within the time not exceeding fifteen (15) days as from the end of each month;

- 9) Implementation particulars of the provisions under sub articles 1-8 of this article shall be determined by the regulation to be issued.

**10. Ways Of Disbursement The Collected Income**

Disbursement money from of the account of Fund shall only made for the activities performed, materials procured and services provided in accordance with the annual work plan approved by the Board; and its payment shall also be made in accordance with the directive to be issued by the Board.

**Part Three**

**Administrative Bodies of the Fund**

**11. Establishment of Road Fund Board**

- 1) Board of the road fund, hereinafter called “Board” is hereby established at the regional level by this proclamation.
- 2) The number of members and meeting procedure of the Board shall be determined by the regulation to be issued.

**12. Accountability of the Board**

The Board shall be accountable to the President of the Regional State.

**13. Power and Duties of the Board**

The Board shall have the following power and duties:

- 1) Control and administer the fund;
- 2) Advise the government on matters related to policies of maintenance, upgrading and ensuring safety of roads and the fund;

- 3) Hanga maallaqaa maddoota galii Labsii kana keessatti tarreeffaman irraa sassaabamu qoratee Mana Maree Bulchiinsaatiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa’u hojiirra akka oolu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni to’ata;
- 4) Maddoota galii dabalataa Fandichaaf barbaachisuu fi sadark-aawwan taarifaa qoratee Mana Maree Bulchiinsaatiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa’u hojiirra akka oolu ni taasisa;
- 5) Haala Fandichi itti walitti qabamu, maallaqni Fandichaa bahii itti ta’uu fi kaffaltiin itti raawwatamu ni murteessa; Qajeelfama ni baasa;
- 6) Galiiwwaan Fandichaa yeroon walitti qabamuu fi lakkoofsa herrega addaa Fandichaatti galii ta’uu isaanii ni mirkaneessa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 7) Karoora waggaa hojiiwwan Fandichaan raawwataman ni gamaaggama; ni raggaasisa; akkaataa karooraatiin maallaqa Fandichaa ni qooda; raawwii isaa ni hordofa; ni to’ata;
- 8) Hojiiwwan Fandichaan raawwataman ilaalchisee gabaasa Abbaa Taayitaa irraa dhiyaatuuf ni gamaaggama; itti fayyadama Fandichaa ilaachisee odiitiin teekinikaa fi faayinaansii akka taasifamu ni ajaja; bu’a odiitii irratti hundaa’uun tarkaaffii barbaachisaan akka fudhatamu ni taasisa;
- 9) Walqunnamtii hojii Boordii Gorsitootaa sadarkaa Godinaa fi Aanaa ni taasisa; karoora fi raawwii hojii isaanii ni gamaaggama; kallattii ni kaa’a.

- 3) በዚህ አዋጅ ውስጥ ከተዘረዘሩት የገቢ ምንጮች የሚሰበሰበውን ገንዘብ መጠን በማጥናት ለመስተዳደር ምክር ቤቱ ያቀርባል፤ ሲጸድቅም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይቆጣጠራል፤
- 4) ለፈ.ንዱ የሚያስፈልጉ ተጨማሪ የገቢ ምንጮችና የታሪፍ ደረጃዎችን በማጥናት ለመስተዳደር ምክር ቤቱ ያቀርባል፤ ሲጸድቅም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
- 5) ፈ.ንዱ የሚሰበሰብበትን፣ የፈ.ንዱ ገንዘብ ወጪ የሚሆንበትንና ክፍያ የሚፈጸምበትን ሁኔታ ይወስናል፤ መመሪያ ያወጣል፤
- 6) የፈ.ንዱ ገቢዎች በወቅቱ መሰብሰባቸውንና በፈ.ንዱ ልዩ የባንክ ሂሳብ ውስጥ ገቢ መደረጋቸውን ያረጋግጣል፤ ጉድለት ባለበት ቦታ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
- 7) በፈ.ንዱ የሚሰሩ ሥራዎች ዓመታዊ ዕቅድ ይገመግማል፤ ያጸድቃል፤ በዕቅዱ መሰረት የፈ.ንዱን ገንዘብ ያከፋፍላል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
- 8) በፈ.ንዱ የተፈጸሙ ተግባራትን በሚመለከት ከባለሥልጣኑ የሚቀርብሉትን ሪፖርት ይገመግማል፤ የፈ.ንዱን አጠቃቀም አስመልክቶ የቴክኒክና የፋይናንስ ኦዲት እንዲደረግ ያዛል፤ በኦዲት ሪፖርቱ ውጤት ላይ በመመስረት አስፈላጊ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
- 9) በዘንና የወረዳ ደረጃ ከሚገኙ የአማካሪዎች ቦርድ ጋር የሥራ ግንኙነት ያደርጋል፤ ዕቅዳቸውንና የስራ አፈጻጸማቸውን ይገመግማል፤ አቅጣጫ ያስቀምጣል፡፡

- 3) Study the amount of finance collected from the income sources specified in this proclamation and submit to the Administrative Council; Cause it to be implemented up on its approval; supervise its implementation;
- 4) Study about additional sources of income necessary for the Fund and level of tariff and forward recommendation to the Administrative Council; Cause same to be implemented up on its approval;
- 5) Determine as to how the fund be collected, finance of the fund be spent and payment be performed; issue directive;
- 6) Ensure the timely collection and deposition of the incomes of the fund into the special bank account of the fund; take or cause to be taken corrective measures in cases where there exist limitation;
- 7) Review the annual plan of activities to be performed by the fund and approve same; allocate the money of the fund in accordance with the plan; follow up and control its implementation;
- 8) Review the report submitted to it from the Authority regarding the activities performed by the fund; give order for technical and financial audit to be conducted regarding the utilization of the fund; cause necessary measures to be taken depending on the outcome of such audit;
- 9) Make work relations with Advisory Boards at the Zone and District levels; evaluate their plan and work performances; give direction.



**14. Hundeeffama Boordii Gorsitootaa**

- 1) Boordiin Gorsitootaa milkaa'ina hojii Fandii daandiitiif hojjetu sadarkaa Godinaa fi Aanaatti Labsii kanaan hundeeffamee jra.
- 2) Baay'ina Miseensotaa, itti waamama, sirni walgahii, aangoo fi hojii Boordii Gorsitootaa sadarkaa Godinaa fi Aanaatti hundaa'aniif tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**15. Aangoo fi Hojii Abbaa Taayitaa Daandiiwwanii**

Aangoo fi hojiiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Fandichaan walqabatee Abbaan Taayitichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Murtiiwwaan Boordii fi seerota Fandichaan walqabatan hojiirra ni oolcha; hojiirra ooluu isaanii ni mirkaneessa;
- 2) Qaboowwan yaa'ii fi galmeewwan walgahii Boordii sirnaan ni qaba;
- 3) Karooraa hojiiwwan Fandichaan raawwataman qopheessuun Boordiif ni dhiyeessa; yammuu ragga'u hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
- 4) Gabaasa raawwii hojii Fandichaan raawwataman Boordiif ni dhiyeessa;
- 5) Maallaqni Fandichaaf galii ta'uu qabu hundi yeroon herrega fandichaatti galii ta'uu isaa ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaaffiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
- 6) Ibsituuwwan herrega Fandii qopheessee Boordiif ni dhiyeessa;
- 7) Herrega Fandichaa fi galmee ni qaba;
- 8) Daandii suphuun, fooyyessuu fi nageenyummaa isaa mirkaneessuun faayidaa fayyadamtootaa fi hawaasaaf argamsiisu hubachiisuuf hojiiwwaan sabqunnamtii ummataa ni hojjata; maxxansaalee adda addaas ni qopheessa; ni raabsa;

**14. የአማካሪዎች ቦርድ መመስረት**

- 1) ለመንገዶች ፈንድ የሥራ ስኬት የሚሰራ የአማካሪዎች ቦርድ በዞንና በወረዳ ደረጃ በዚህ አዋጅ ተቋቁሟል።
- 2) የአባላት ብዛት፣ ተጠሪነት፣ የስብሰባ ስነ ሥርዓት እና በወረዳዳኝና በዞን ደረጃ የተቋቋሙ አማካሪዎች በቦርድ ሥልጣንና ተግባር በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

**15. የመንገዶች ባለሥልጣን ሥልጣንና ተግባር**

በሌሎች ህጎች የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ ባለሥልጣኑ ፈንዱን በተመለከተ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖረዋል፡-

- 1) የቦርዱን ውሳኔዎችና ክፈንዱ ጋር የሚያያዙ ህጎችን ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ መዋላቸውን ያረጋግጣል፤
- 2) የቦርዱን ቃለ ጉባኤና የስብሰባ መዛግብት በአግባቡ ይይዛል፤
- 3) በፈንዱ የሚሰሩ ሥራዎችን ዕቅድ በማዘጋጀት ለቦርዱ ያቀርባል፤ ሲጸድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
- 4) በፈንዱ የተሰሩ ሥራዎች የአፈጻጸም ሪፖርት ለቦርዱ ያቀርባል፤
- 5) ለፈንዱ ገቢ መሆን ያለበት ገንዘብ በሙሉ በወቅቱ ወደ ፈንዱ ሊሰጥ ገቢ መሆኑን ይከታተላል፤ ጉድለት ባለበት ቦታ አስፈላጊው እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
- 6) የፈንዱን ሊሰጥ መግለጫዎች በማዘጋጀት ለቦርዱ ያቀርባል፤
- 7) የፈንዱን ሊሰጥ መዝገብ ይይዛል፤
- 8) መንገድ በመጠን፣ በማሻሻል እና ደህንነቱን በማረጋገጥ ለመንገዱ ተጠቃሚዎችና ለህብረተሰቡ የሚያስገኘውን ጥቅም ለማስገንዘብ የህዝብ ግንኙነት ተግባራትን ይሰራል፤ የተለያዩ ሕትመቶችንም ያዘጋጃል፤ ያሰራጫል፤

**14. Establishment of Advisory Board**

- 1) Advisory Board that works for the success of the Road Fund is established at the Zonal and District levels by this proclamation;
- 2) Particulars about the number of members, accountability, meeting procedures, power and duties of Advisory Boards to be established at the Zonal and District levels shall be determined by the regulation to be issued.

**15. Power and Duty of Roads Authority**

Without prejudice to the powers and duty given to it by other laws, the Authority shall have the following powers and duties in connection with the fund:

- 1) Implement decisions of the Board and the laws related to the Fund; ensure their proper implementation;
- 2) Properly keep the minutes and books of meetings of the Board;
- 3) Prepare plan of the activities performed by the fund and submit to the Board; implement same up on its approval; cause it to be implemented;
- 4) Submit the report of activities performed by the Fund to the Board;
- 5) Follow up the timely deposit of all the money to be deposited for the fund into the account of the fund; cause corrective measure to be taken where there is problem;
- 6) Prepare financial statements of the fund and submit to the Board;
- 7) Keep Financial accounts and Books of the Fund;
- 8) Perform public media communication activities so as to create awareness about the advantage of maintenance, upgrading and ensuring safety of roads for the users and the society; prepare various publications; distribute same;



- 9) Raawwii hojii Fandichaatiif caasaa humna namaa fi baajata barbaachisu akka ramadamu ni taa-sisa; ni bulcha;
- 10) Hojiiwwan biroo Boordiin kenamuuf ni raawwata.

- 9) ለፈንዳ ሥራ አፈጻጸም የሚያስፈልገውን የሰው ሀይል መዋቅርና በጀት እንዲመደብ ያደርጋል፤ ያስተዳድራል፤
- 10) በቦርዱ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ያከናውናል።

- 9) Cause the assignment of the necessary human resource structure and budget for the work performances of the fund; administer same;
- 10) Perform other activities assigned to it by the Board.

**Kutaa Afur  
Tumaalee Adda Addaa**

**16. Odiitii Fandii**

- 1) Herregni Fandichaa Mana Hojii Odiitara Muummichaa Oromiyaa yookiin Odiitara alaa Manni Hojii Oditara Muummichaa yookiin Boordiin bakka buuseen qoratamuu ni danda'a.
- 2) Herregichi kan qoratamu akka biyyaatti sirnaa fi hojiiwwan qorannoo herrega fudhatamummaa qabuun ta'ee, gabaasni odiitii Boordiif ni dhiyaata.
- 3) Akkaataa barbaachisummaa isaatti hojiiwwan Fandichaan raawwataman irratti qorannoon teekiniikaa ni raawwatama.

**ክፍል አራት  
ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች**

**16. የፈንዳ አዲት**

- 1) የፈንዳ ሂሳብ በአሮሚያ ዋና አዲተር መ/ቤት ወይም የአሮሚያ ዋና አዲተር ወይም ቦርዱ በሚወክለው በውጪ አዲተር ሊመረመር ይችላል።
- 2) ሒሳብ የሚመረመረው እንደሀገር ተቀባይነት ባለው የሂሳብ ምርመራ ሥርዓትና ተግባራት መሰረት ሆኖ የአዲት ሪፖርት ለቦርዱ ይቀርባል።
- 3) እንደ አስፈላጊነቱ በፈንዳ የሚከናወኑ ስራዎች የቴክኒክ ምርመራ ይደረግባቸዋል ።

**Part Four  
Miscellaneous Provisions**

**16. Audit of the Fund**

- 1) The accounts of the fund may be audited by the Office of Oromia Auditor General or by external auditor represented by the Auditor General Office or by the Board.
- 2) The account shall be audited by the nationally accepted system and financial accounts auditing practices; and the audit reports shall be submitted to the Board.
- 3) Technical investigation on the activities performed by the fund may be conducted as deemed necessary.

**17. Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu**

- 1) Labsii kana hojiirra oolchuuf Manni Maree Bulchinsaa Dambii baasuu ni danda'a.
- 2) Boordiin Labsii kanaa fi Dambii Labsii kana raawwachiisuuf bahu hojiirra oolchuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**17. ደንብና መመሪያ የማውጣት ሥልጣን**

- 1) የክልሉ መንግስት አስተዳደር ምክር ቤት ይህን አዋጅ ሥራ ላይ ለማዋል ደንብ ሊያወጣ ይችላል።
- 2) ባለሥልጣኑ ይህን አዋጅና ይህን አዋጅ ለማስፈጸም የሚወጣውን ደንብ ሥራ ላይ ለማዋል መመሪያ ሊያወጣ ይችላል።

**17. Power to Issue Regulation and Directive**

- 1) The Administrative Council may issue regulation for the implementation of this proclamation.
- 2) The Board may issue directive for the implementation of this proclamation and the regulation to be issued to enforce this proclamation.

**18. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiyyuu hojiirra oolmaa Labsii kanaatiif dirqama deeggarsa kennuu ni qaba.

**18. ድጋፍ የማድረግ ግዴታ**

ማንኛውም ሰው ለዚህ አዋጅ ሥራ ላይ መዋል ድጋፍ የማድረግ ግዴታ አለበት።

**18. Obligation to Provide Support**

Any person has obligation to give support for the implementation of this proclamation.

**19. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabanne**

Labsiin, Dambiin, Qajeelfamnii fi barmaatiileen hojii Labsii kanaan walfaalleessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**19. ተፈጻሚነት የማይኖራቸው ሕጎች**

ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረን ማንኛውም አዋጅ፣ ደንብ፣ መመሪያ እና ልማዳዊ አሰራር በዚህ አዋጅ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖረውም።

**19. Inapplicable Laws**

Any proclamation, regulation, directive and customary practices inconsistent with this proclamation shall not be applicable on matters covered under this proclamation.

**20. Guyyaa Labsichi Hojiirra Itti Oolu**  
 Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfamee bahee irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee,**  
**Guraandhala 11 Bara 2012**  
**Shimallis Abdiisaa**  
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**20. አዋጁ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ**  
 ይህ አዋጅ በመገለጥ ኦሮሚያ ላይ ታትሞ ከወጣበት ቀን ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል።

**ፊንፊኔ**  
**የካቲት 11 ቀን 2012 ዓ.ም**  
**ሺመልስ አብዲሳ**  
**የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት**

**20. Effective Date**  
 The proclamation shall become effective as of its publication on Megeleta Oromia.

**Finfine,**  
**February 19, 2020**  
**Shimelis Abdisa**  
**President of Oromia Regional State**